# Gumii Mirgoota NAmoomaa Itiyoophiyaa (GMNI)

## Gabaasa Walii gala Filannoo Biyyoolessaa 7ffaa




## Adoolessa 2018

**Finfinnee Itiyoophiyya**

## Qabiyyee

1. Ilaala Gabaabaa ....................4

1. Gumii Mirgoota Namoomaa Itiyoophiyaa(MNI)....................6

2. Seensa ....................8

3. Hojiiwwan Filannoo GMNI .................... **Error! Bookmark not defined.**

4. Kaayyoo Guddaa Filannoo Taajjabuu .................... 11

5. Daaangaa Hojii Filannichaa .................... 11

6. Sirn-mala Filannoo Guyyaa Sagalee kennuu(Methodology) .................... 12

7. Rakkoowwan .................... 13

8. Tumaalee Seeraa Filannoon wal-qabatan .................... 13

9. hordoffii Haala duree Filannoo (Pre-Election monitoring) .................... 15

**9.1. Galmee Filattootaa** .................... 15

**9.2. Fo'annoo Taajjabdoota Filannoo** .................... 15

**9.3. Barnoota Filannoo** .................... 17

**9.4. Galmee Kadhimamtootaa** .................... 18

**9.5. Golgaa Miidiyaa** .................... **Error! Bookmark not defined.**

**9.6. Hirmannaa Dubartootaa,Dargaggootaa fi Qaama Miidhamtootaa** ....**Error! Bookmark not defined.**

10. Ilaalcha(do'ii) Guyyaa Filannoo (Election Day Observation) .................... **Error! Bookmark not defined.**

**10.1. Baniinsa Buufataalee Filannoo** .................... **Error! Bookmark not defined.**

10.2. **Iccitii kenniinsa Sagalee ilkaalchisee-** .................... **Error! Bookmark not defined.**

**10.3. Argamuu Taajjabdootaa fi Bakka buutota Paartilee** ... **Error! Bookmark not defined.**

**10.4. Tas-gabbii fi Nageenya** .................... **Error! Bookmark not defined.**

**10.5. Argannoowwan Guyyaa Filannoo** .................... **Error! Bookmark not defined.**

**10.6. Cufiinsaa Fi Lakkoofsa Buufataalee Foilannoo** .................... **Error! Bookmark not defined.**

11. Bulchiinsa Bu'aa (Results Management) .................... **Error! Bookmark not defined.**

12. Gamaaggama Mirgoota Namoomaa (Human Rights Assessment) .................... **Error! Bookmark not defined.**

Filannoo Dimokiraatawaa Dhugaa Gaggeessuun Ijaarsa Sirna Dimokiraasiif,Kabajamuu Mirgoota Namoomaaf, Ol'aantummaa Seeraa Mirkaneessuuf bu'ura baayyee murteessaa ta'e kaa'uudha. .................... **Error! Bookmark not defined.**

13. Argannoowwan gurguddoo (Key Findings) .................... **Error! Bookmark not defined.**

**13.1. Mallattoowwan Gaggaarii** .................... **Error! Bookmark not defined.**

**13.2. Rakkoowwan Mudatan** .................... **Error! Bookmark not defined.**

· Galmee Dijiitaalaa ........................................................................ **Error! Bookmark not defined.**
14. Yaad-Gorsaa (Recommendations) ........................................................ **Error! Bookmark not defined.**

**Waajjirri Muummee: Finfinnee**

**Istaadoomii fuula dura: Taayim kooffii cina; Gamoo saayilee sillaasee darbii 8ffaa Biiroo lakk.19**

**Email: info@ehrco.org**

**T.marsariitii:www.ehrco.org**

**Facebook: https://www.facebook.com/ehrco1**

**twiter: https://www.twitter.com/ehrcoethio**

**telegrama: https://t.me/ehrco**

**Lakk.S.PO.2432**

**FF. Itiyoophiyaa**

**Qajeelcha Qorannoo fi Hordoffii Mirgoota Namoomaa**

**Bilbila (+251) 011 558-2387**

**FF.**

**email.:info@ehrco.org**

**Teessoo Dameewwan Dhaabbatichaa**

**Damee Kibba Itiyoophiyaa**

**Hawaasaa:lak.bil. (+251) 046 220-4500፣ Lak.S.Po. 360**

**Aarbaa Minci Lakk.bilbilaa.(+251)0461818344**

**Damee Kaaba Itiyoophiyaa ፡Baahir-dar- Lakk.bil. (+251) 058 220-0240፣ Lak.S.Po.1115**

**Damee Baha Itiyoophiyaa Harar .Lakk.bil (+251) 025 411 6845፣Lak.S>Po 2596**

**Damee G/gala Itiyoophiyaa፡FF- Lakk.bil. (+251)011 551-7704፣Lak.S.Po.**

# 1. Abuurraa Gabaabaa

Gumiin MIrgoota Namoomaa Itiyoophiyaa (GMNI) waggoottan 34 darbaniif filannoo waliigalaa taasifaman;Filannoowwan Naannoo,Filannoo guutinsaa,Filannoowwan irra deebii fi sagalee Murtee Uummataa (Refrandamii) irratti Taajjaabdummaan hirmateera. GMNI Hojii Taajjabbii isaa kaayyoo godhatee kan inni ka'e Filannoon Biyyooolessaa 7ffaa Haqa qabeessa,Bilisaa fi birmadduu kan ture ta'uu isaa mirkaneessuu fi argannoo taajjabbii isaa bu'ura godhachuun filannoowwan sadarkaa biyyoolessaatti geggeeffaman irratti hir'inaalee mul'atan guutuudhaan agarsiisuun filannoowwan of-duratti taasifaman sirreeffamni akka taasifaman Yaad-Gorsaa dhiyeessuudha.

Bu'ura Kanaan GMNI Filannoo 7ffaa Biyyoolessaaf bu'ura Hayyama Taajjabdummaa Boordii Filannoo irraa argateen hojiiwwan Fuul-duree Filannoo, Guyyaa Filannoo fi Filannoo boodaa hojjeteera. Yeroo fuul-duree filannootti Lammiiwwan kakka'umsa filannoo akka qabaataniif fi filannoo beekumsarratti hundaa'e akka taasiisan,akkasumas Mirga Dimokiraasii isaaniitti akka fayyadaman yaaduudhaan Namoota 192f Leenjii Leenjistootaa kennuun Namoota 22,694 ol-ta'aniif Barnoota filannoo kan kemme yoo ta'u, karaa kallattii hin taane jechuunis xalayaa bittinaa'uu fayyadamuun Lammiiwwan 78,880 ol-ta'aniif hubannoo filannoorratti akka qabaatan taasisuun dandaa'ameera. guyyaa Filannoottis taajjabdoota 433 fo'atee leenjisuun Naannoo 6tti jechuun ;Hararii,Sidaamaa,Somaalee,Amaaraa,Naannoo Ormiyaa fi Naannolee Kibba Itiyoophiyaa fi Bulchiisa Magaalaa lama (Fifinnee fi Diredhowaa)tti Taajjabdoota Filannoo bobbaasuun adeemsa filannoo taajjabuu danda'eera.

Galmee Filattootaan wal qabatee Naannoo Oromiyaa fi Amaaraa bakkawwan murtaa'ootti akkasumas Naannoo Tigiraayitti soda Nageenyaatiin wal-qabatee filannoon osoo hin taasifamin hafeera. Kunis Lammiileen Mirga Dimokiraasii isaaniitti akka hin fayyadamne rakkoo ta'eera. adeemsa filanichaa raawwachiisni fi hiramannaa filannoo kadhimummaan,filattummaa Dargaggootaa,Qaama midhamtootni fi Dubartootaa kan jajjabeeffamu yoo ta'u GMNI taajjabdoota buufataalee Filannootti bobbaase keessaa 50% ol dubartootaa fi dargaggootni Filannoo raawwachiisummaarratti hirmataniiru. GMNI Buufataalee Filannoo taajjabetti sadarkaa baayyeedha jechisisutti yeroo(saa) qabameef keessatti kan banaman ta'uu,adeemsi sagalee kennuu Iccitiin isaa kan eegamee ture yoo

ta'eyyuu raawwachiistoonni filannoo gara kutaa kenniinsa sagalee seenuudhaan uummanni bilsaan akka hin filanne taasisuu isaanii ; Buufataalee Filannoo muraasatti raawwachiistonni filannoo waraqaa sagaleen itti kennamu duwwaa/hojiirra kan hin oolle irratti mallattoo gochuun korojoo keessa buusuu isaanii akkasumas birmadummaa fi bilisummaa Filannichaa eegsisuun akka dandaa'amuuf bakka buutonni Paartilee fi Taajjabdoonni buufataalee filannootti argamuun kan isaanirra ture yoo ta'u buufataalee filannoo baayyeetti addatti buufataaleen filannoo Magaalotaa ala turan bakka buutonni Paartii fi taajjabdoonni buufataalee filannootti kan hin argamne ta'uu GMNI taajjabeera.

Karaa kan biraan sababa Boordiin Filannoo Saa Buufataaleen Filannoo itti cufaman dheeressuu fi daballi saa Boordiin filannoo taasise iftoominni kan hir'atee fi buufataaleen filannoo baayyeen filattoota galmeessan filachiisanii kan xumuran yoo ta'es adeemsa lakkaa'uu isaanii saa idilee isaanii(kaa'amee) tti taasisuu akka qaban Labsii baaserratti ifatti waan hin keenyee fi dheerachuun isaa kan ibsame eega saan idilee xumurame booda ta'uu isaa lakkaa'uu sagalee addaan kutuuf kan dirqisiifaman ta'uu,buufata filannuu baayyina qaban keessa Kome dhegeessuun kan hinjirre ta'uu isaa , galmeessiin falattootaa dijiitaalaa gaarii kan jechisiisuu fi kan jajjabeeffamu ta'us guyyaa filannoo Namoonni sirna dijiitaalaan galmaa'an sababa adda addaa tiin osoo hin filatiin hafuun isaanii fi raawwachiistoonni filannoo hubannoo gahaa kan hinqabne waan ta'eef adeemsa filannootti rakkoo uumuu isaa GMNI taajjabeera.

Kanaaf taajjabbii filannoo GMNI taajjabdoota filannoo buufataalee filannoo 833tti bobbaase keessaa buufataalee filannoo 143 komii dhageessuun kan hin jirre ta'uu akkasumas buufataalee filannoo baayyina qaban raawwachiistonni filannoo gartummaa paartii Mootummaa kan turan ta'uu GMNI taajjabuu danda'eera.

GMNIn Filannoo dura, guyyaa filannoo fi filannoo booda taajjabbii taajjaberraa ka'uun Boordiin filannoo fi Qaamonni qooda-fudhattootaa filannoowwan fuula duraaf adeemsifamn komii dheggeessuu filannoo haala gahaa ta'een guuttachuuun hawwaasni akka hubatu taasisuudhaan hojimaata isaa akka cimsan,kallattii mirga filachuu lammilee eegsisuun bakkawwan boora'un Nagaa fi tasgabbiin itti mul'atan haala gara nagaatti deebi'an mijeessuudhaan filattoon mirga filannoo irratti hirmachuu isaanii akka eegsisuu fi birmadummaa filannoo raawwachiiftotaa haala sirriitti bifa eeggateen fo'annoo akka godhu GMNI waamicha isaa dhiyeessa.

## 2. Gumii Mirgoota Namoomaa Itiyoophiyaa (GMNI)

Gumii Mirgoota Namomaa Itiyoophiyaa-GMNI Dhaabbata Hawwaasummaa Biyya keessaa ta'ee Bara 1984 Kan hundeeffamee fi Lakk.galmeessaa 1146 Bara 02/11/11 eegalee bu'ura Labsii Dhaabbilee Hawwasumaa Lakk. 1113/20111 tiin Abbaa Taayitaa Dhaabbilee Hawwaasummaan irra deebiin galmaahee Seera qabeessaa socho'aa Kan jiru Dhaabbata mootummaawaa Kan hintaane Dhaabbata falmaa mirga Namoomaati.

GMNI bu'aaf kan hin dhaabbanne,Dhaabbata falmaa Mirgoota Namoomaa Bilisaa fi walabaa yoo ta'u;Kaayyoon isaas Itiyoophiyaa keessatti Ijaarsa Sirna Dimokiraasii cimsuu,Ol'aantummaa Seeraa fi Kabajamuu Mirgoota Namoomaatiif shoora isaa gumaachuudha.

Kaayyoon GMNI dhaabbateef inni Guddaan; Itiyoophiyaa sirnni Dimokiraasii keessatti dagaage, Ol'aantummaan seeraa keessatti Kan mirkanaa'ee fi Mirgootan Namoomaa Kan keessatti kabajaman taatee arguudha.

Hojii isaatiinis Paartii Siyaasaa kamirraa, Dhaabbilee Amantaa, gareewwan Sabaa fi Hawwaasummaa kkf...Kan hin garsine, bu'aaf Kan hin dhaabbbanne Dhaabbata Bilisaa fi walba falmaa Mirgoota Namoomaati.

GMNI Waggoottan 34 darbaniif kaayyowwan gurguddoo dhaabbateef irratti hundaahuudhaan ergamawwan hunda galeessa,Biyyoolessaa fi Uummataa qabachuudhaan akkaataa karoora hojiiwwan raawwachuuf karoorseen Mirgoottan Namoomaa akka kabajamaniif,Ol'aantuymmaan seeraa fi sirnni seeraa akka dagaaguuf Itiyoophiyaa keessatti Sirni Dimokiraasii akka jiraatuuf gahee isaa gumaachuu irratti argama.

Hojiin GMNI inni Guddaan barnoota Mirgoottan Namoomaa,Dimokiraasii fi Ol'aantummaa seeraa kan ilallatan lammilee barsiisuu, Qabiinsaa fi haala Mirgoota Namoomaa Itiyoophiyaa hordofuu Sarbiinsa Mirgoota Namoomaa raawwataman qulqulleessuun, tarreessuu fi Yaad-Gorsa duukaa buusuun Ibsawwan Ragaan mirkanaa'an baasuu akkasumas hojii dadammaqsuu hojjechuudha.

GMNI Ibsawwan baasu hundumaa Miidhamtootni Mirgoota Nammoomaa Haqaa fi Beenyaa akka argatan,kanneen Miidhaa geessisan Seeraan akka gaafatamanii fi barteen yakka hojjetanii bilisatti jiraatan akka hafu, dogongora tokkoon tokkoorraa barachuun fuula duraaf of-eeggannoofi raawwiin sirreeffama seeraa akka taasifamu dadammaqsaa,gaafachaa tureera;Ammas gaafachuutti jira; fuula duratti akkasuma itti fufa. hojii hordoffii Mirgoota Namoomaa GMNI keessaa,Sirreeffamtoota Seeraa Do'achuu fi eegumuu Mirga Namoomaa isaanii hordofuu,Adeemsi haqummaa Manneen murtii hordofuu, akkasumas Qabiyyee fi raawwii Seerotaa Mootummaan baasuu fi bahanii akkaataa Mirgoota Namoomaatiin qorachuun keessatti argamu. Kanumaa wajjin GMNI keessumaa Namoota saaxilamtoota miidhaa Mirgoota Namoomaa ta'aniif Deggersa seeraa sadarkaa fi bifa adda addaa qaban ni kenna.

GMNI turtii isaa hanga ammaatti Ibsawwan Idilee 40 fi Ibsa addaa 157 dabalataanis halota yeroo adda addaa irratti Ibsa Gazeexaa hedduu ifa taasiseera. GMNI hanga humni isaa hayyametti Kabajamuu MIrgoota Namoomaa, Ol'aantummaan seeraa fi Ijaarsa sirna Dimokiraasii Itiyoophiyaa keessattu dhugaa akka ta'u kaayyoo cimaa qaburraa hojjechuu irratti argama.

Hojiilee isaa dursan keessaa Sirni Dimokiraasii bu'ura jabaarra kaa'uuf kan gargaaru Filannoo biyyoolessaa,filannoowwan Naannoo,filannoo irra deebii fi waqtii sagalee murtoo Hawwaasaa(Rifarandamii) Barnoota filattootaa,taajjabbii filannoo fi hojiiwwan hordoffii haala mirgoota Namoomaa irratti hirmannaa ho'aa gochuun hojiiwwan ijoo keessaa kanneen heeramanidha. turtii isaa hanga ammaattis Biyya keenya Itiyoophiyaatti filannoowwan geggeesimana adda addaa irratti hirmannaa gosa adda addaa taasiseeraa taasisaa jiras.

## 3. SEENSA

Filannoon Ibsa amala sirna Dimokiraatawaa. Filannoo sirrii Kan inni ta'ummoo Paartiiwwan filannoo yookaan dorgomtoonni tokkoo ol jiraatanii filataan filannoo barbaade irratti murteessuuf carraan Kan kennamuuf yoo ta'edha. Sirna Dimokiraasii keessatti Aangoo Mootummaan Tokkoo Kan maddu Uummata keessatti.Uumman Filannoo Demokiraatawaa gaggeessuu akka danda'u kana raawwachiisuu Kan danda'an Dhaabbilee Filannoo raawwachiiftuu gahumsa qabaniifi Seeronni raawwachiisoo Dimokiraatawaa ta'an jiraachuun bu'uradha.

Heera Mootummaa FDRI keewwata 8(3) irratti birmadummaan UUmmataa Kan ibsamu bu'ura Heera Mootummaa Kanaan Bakka buutota isaanii filatanii fi karaa kallattiidhaan hirmannaa Dimokiraatawaa taasisaniin ta'a jechuudhaan Aangoon birmadawaan kan uummataa ta'uu isaa tumameera. keewwata 38(1) Lammiin Itiyoophiyaa kamiyyuu Bifaan,Afaaniin,Sanyiin,Amantiin,Siyaasaa fi Ilaalcha kanbiraan ykn addaa addummaa ejjennoo kan biraa irratti osoo hin taasifamin Mirga filachuu fi filatamuu yeroo mirkaneessu mirga Dimokiraatawaa isaa kana raawwii filannoo bilisaa fi haqa qabeessa ta'en mirga isaa guutuu akka kabachiisu jechuun Boordiin Filannoo Biyyoolessaa labsii lakk.1133/2011 tiin dhaabbateera. Boordiin filannoos filannoo Biyyoolessaa 7ffaa wajjin Mana Marii Biyyoolessaa Torba fi filannoo Mana marii Naannoo adeemsiseera.

Ta'ees Gumiin Mirgoota NAmoomaa Itiyoophiyaa (GMNI) Filannichi Naannoo Mootummaa Tigiraayitti guutummaa guutuutti, Naannoo Mootummaa Amaaraa fi Oromiyaatti bakkawwan murtaa'anitti Lammileen argaman carraa sagalee isaanii itti kennan dhabuun isaanii fi Mana marii bakka buutota uummataa ykn Mana Marii Mootummoota Naannolee keessatti bakka buufamuu dhabuun isaanii yaachisaa ta'urrayyuu dabalataan raawwii walitti makamuu filannichaa dhabuu agarsiisa jedhamee amanama.

Gumiin Mirgoota Namoomaa Itiyoophiyaa (GMNI) Hayyama Boordii Filannoo irraa argateen tajjabdummaa filannoo fi Barnoota Lammummaa(Civil education) fi barnoota filattootaa barsiisuu hayyama argatetti fayyadamuun Naannolee jahatti jechuunis Naannoo Amaaraatti,Oromiyaatti ,Kibba Itiyoophiyaa,Sidaamaatti, Hararii fi Naannoo Sumaaleetti akkasumas Bulchiinsa Magaalaa Fifinnee fi Dirredhowaatti Taajjabdoota Dhibbootaan Lakkaawaman leenjisee bobbaaseera. GMNI jaajjabdoota boobbaasetti fayyadamuun adeemsa Filannoo duraa,guyyaa sagalee kennuu fi filannoo booda turan kallattii ulaagaalee adda addaatiin taajjabeera.

gama hojii filannoo taajjabuu raawwachuutiin GMNI ;Hirmannaa Siyaasaa Lammilee guddisuun adeemsa filannoo hirmachiisaa, iftoomina,itti gaafatamummaa fi haqummaa waliigala hordofuu fi gamaagammuuf yaalii taasiseera.akkasumas naannoo filannootti barnoota leenjii leenjistoota kennuu fi barreeffama waraqaa adda addaa bittinsuun Lammilee kumaatama qaqqabuun filannoo irratti hubannoo uumuu danda'eera.

Gabaasni Kun filannoo biyyoolessaa 7ffaa Waxabajjii 24/2018 madaallii Dimokiraatawaadha jechisiisu bifa guuteen gaggeefamuu isaa baruu kan barbaadanii fi kan isaan ilaallatuuf gabaasni kun odeeffannoo gahaa kenna jedhamee amanama.

## 4. Hojiiwwan Filannoo GMNI

GMNI yeroo hundeeffamee eegalee filannoowwan hedduu irratti hirmannaa Kan taasisee yoo ta'u; hojiiwwan filannoo kanaanis; Muuxannoo guddaa fi Amanummaa Dhaabbilee hawwaasummaa Biyya keessaa keessaa isa duraati. Hojiiwwan adda addaa hirmannaa taasise keessaas tuquuf kanneen itti aanaan Ni argamu.

- Bara 1992 baatii Caamsaa sadarkaa biyyoolessaatti tibba filannoon waliigalaa gaggeeffame Gabaasa hordoffiiwwan filannoo duraa ifa gochhuu fi Tajjabdoota 109 leenjisee bobbaasuun hirmannaa taajjabdummaa taasiseera.
- Waxabajjii 18/bara 1992 yeroo Naannoo sabaa fi sablammoota Uummata kibbaatti filannoo irra deebiin taasifame Taajjabdoota 21 leenjisee bobbaasuun hirmannaa taajjabdummaa isaa taasiseera.
- Bara 1993 baatii Gurraandhalaa yeroo filannoo Bakka buutonni Aanaa fi GAndaa Taajjabdoota 550 leenjisee bobbaasuun hirmannaa taasiseera.
- Mudde 14 fi 21 bara 1994 Naannoo Sabaa fi Sablamoota Ummata kibbaatti yeroo Filannoo bakka buutonni Zoonii,Aanaa fi Gandootaataasifame taajjabdoota 226 Magaalaatti 37 Baadiyyaatti waliigala 263 Taajjabdoota leenjisee bobbaasuun hirmanna taajjabdummaa taasiseera.
- Baatii Amajjii Bara 1997 Filannoo Miseensota Mana Marii Aanaa Naannoo Sumaaleetti adeemsifame taajjabdoota bilisaa 21 leenjisee bobbaasuun hirmanna taasiseera.
- Bara 1997 baatii Caamsaa yeroo filannoo waliigala taasifame Naannaa jahaa fi Bulchiinsa Magaalota Lama keessatti leenjii filattootaa,Filannoo

taajjabuu fi hojiiwwan Dhaabbilee Hawwaasaa yeroo sana turan caalaa leenjistoota,taajjabdootaa fi ogeessota Mirgoota Namoomaa lakkofsaan baayyee ta'an bobbaasuun hirmannaa ol'aanaa taasiseera.

- Amajjii 29/2015 Naannoo Sabaa fi sablammoota kibbaa zoonii jahaa fi Aanaalee addaa 5tti Murtee sagalee uummataa irratti bobbaasuun hirmateera.

Bara 1997tti yeroo Filannoon Biyyoolessaa geggeeffame irratti; barnoota Leenjii Filattootaa Mana manatti leenjistoota 125 bobbaasee buufataalee Filannoo 195 keessatti barumsa kenneen filattoota 400,000 ol qaqqabsiisuu danda'eera. Televishinaa fi Gazeexaan barnoota Filattootaa kennameen tibbichatti filachuu kandanda'an uummata Miliyoona 32 keessaa hedduu isaanii qaqqabsiisuu danda'eera.

Filannoo Taajjabuu Kan ilaallateen Tibba Sana taajjabdoonni gara 1500 baayyinaan buufata filannootti bobbaasuun hirmannaa baayyee ol'aanaa jedhamu taasisuu danda'eera.  hojiiwwan kanneen cinatti tibba adeemsa  filannoo filannoo rakkoowwaan mul'ataniif sirreeffamni akka itti kennamu,Mirgootni Namoomaa akka kabajamanii fi adeemsichi Bilisaa,haqaqabeessa fi Nagaa akka ta'u Ibsawwan addaa Mirgoota Namoomaa fi Ibsa Gazeexaa ifa gochuun Hirmannaa guddaa taasiseera.   Waltajjii Marii Hawwaasaa magaalota gurguddoo shanitti qopheessuun adeemsi Filannoo Nageenya akka qabaatu taasisuuf dhimmeera.

Filannoo 97 bulee rakkoowwanuumaman keessumaa GMNI sababa Hirmannaa cimaa tibba Filannoo tureen dhiibbaa irra gahee fi sababa Labsii ukkaamsaa Waldaalee Hawwaasummaa duraaniitiin rakkoo hanqinaa human  mudateen GMNI;Filannoo Biyyoolessaa bara 2002 fi 2007 taasifame irratti akka hirmannaa ho'aa  duraan itti beekamuutti  hirmannaa taasisuudhabuu hafeera . Turtii waggootaa booda Sadaasa 2012 Murtoo Sagalee Uuummata(referdomii) Naannoo Sidaamaa taasifa,mee ture iirratti Taajjabdoota 10 bobbaasuun Dhaabbilee Hawwaasummaa kanbiraa wajjiin walitti dhufeenyaan hojii taajjabdummaa irratti hirmateera.

- Waxabajjii14 / 2013  Filannoo Biyyoolessaa 6ffaa taasifame irratti Taajjabdoota 515 ,Fulbaana 20/2014 Filannoo gaggeeffame irratti 141 Taajjabdoota dhaabbii fi sosocho'anii taajjabanleenjisee bobbaasuun hirmanna taajjabdummaa taasiseera.
- Caamsaa  24 /2018 Filannoo Biyyoolessaa gaggeeffame GMNI Qophii

Filannoo irratti hirmachiisuu dandeessisu kakka'umsa ol'aanaan qophaa'uu fi qaamota waloo adda addaa wajjin Filannoo irratti hojjechuuf Mallaqa dandeessisu walitti qabuuf yaalii gochhurra utuu jiruu Labsii Fooyya'iinsa Waldaalee Hawwaasummaa sadarkaa wixineen bahee tureen wal qabatee Dhaabbilee arjoomanii wajjin sochiin filannoo irratti hojjechuuf turre irratti Dhiibbaa guddaa uumeera.sababa Kanaan Hojiiwwan filannoo wajjin wal qabatan hojjechuuf Mallaqa dadeessisu yerootti argachuu waan hindandeenyyeef GMNI akkaataa karooraatiin hojjechuu akka hindandeenye dhiibbaa guuddaa itti uumee kan ture yoo ta'eyyuu Filannoo yeroon murtaa'an yeroo hafuufitti Mallaqa Qaama Deggartootarraa argameen irra guddeessaan hojiiwwan barnoota leenjii filattootaa,Filannoo taajjabuu fi hordoffii haala Mirgoota Namoomaa tibba filannoo irratti hirmannaa taasiseera. Gochhaawwan Kanaan hirmachuuf barnoota leenjii filattootaa kennuuf, Filannoo taajjabuuf hayyama Boordii Filannoorraa argateera.

## 5. Kaayyoo Ol'aanaa Taajjabbii Filannoo

- Filannoon Biyyoolessaa 7ffaan Haqawwaa,Bilisaafi Birmadduu ta'uu isaa mirkaneessuu;
- Argannoo Taajjabbii bu'ura godhachuun filannoo sadarkaa biyyoolessaatti gaggeeffame irratti hir'inawwan mul'ata argarsiisuun filannoowwan itti aanan geggeeffaman irratti sirreeffamni akka taasifaman yaada gorsaa dhiyeessuufidha.

## 6. Daangaa Hojii Filannoo

Gumiin Mirgoota Namoomaa Itiyoophiyaa (GMNI) Hayyama barnoota taajjabdummaa, Lammummaa fi barnoota filattootaa boordii filannoo irraa argatetti fayyadamee Naannolee jahatti jechuunis Naannoo Amaaraa,Oromiyaa,Kibba Itiyoophiyaa,Sidaamaa,Harari fi Naannoo Sumaaleetti akkasumas Bulchiinsa Magaalaa Fifinnee fi Diredhowaatti taajjabdoota dhaabbii fi soscho'an Dhibbootaan Lakkaawwamaen leenjisee bobbaaseera. GMNI taajjabdoota bobbaasetti fayyadamuun adeemsa filannoo dura, Guyyaa sagalee kennuu fi filannoo booda turan akkaataa ulaagaalee adda addaatiin taajjabeera. ፡፡

## 7. Mala sirna Filannoo guyyaa sagalee kennuu (Methodology)

GMNI Filannoo Biyyoolessaa Itiyoophiyaa irratti Naannolee jaha bulchiinsa Magaalota lamatti taajjabdoota 433 ol bobbaaseera. GMNI adeemsa filannichaa Boordii filannootiin filannoo sirrii dimokiraatawaa gaggeessuuf Ni dandeessisu jedhamanii akkaataa Ulaagalee fi hoji-maata bahaniin gamaggamuuf taajjabbii filannoo duraa, Kan yeroo gabaabaa (guyyaa sagaleen kennamuu) fi mala hoji maata taajjabbii yeroo dheeraa hojiirra oolcheera.  Yaadni ka'umsa filannoo kanaa taatewwan guyyaa sagalee kennuu mudatan taatee guyyaa tokkoo caalaatti adeemsa tibba sadanuu hamate dha Kan jedhu amantaa cimaa GMNI ti.

Taajjabdoonni Biyya keessaa filannoo taajjabuudhaaf mala hoji maataa addaa addaa hojiirra oolcheera.  GMNI Gama isaatiin mala taajjabbii filannoo wal siman jechuunis Taajjabdoota dhaabbii bobbii simuun (proportional stationary observation); mijannaa isaa Kan bu'ureeffate bobbii taajjabdota Dhaabbii (convenient Observetion) fayyadameera. GMNI ogeessota Waajjiraalee Damee isaa adda addaatti fayyadamuun hojii hordofii filannoo dura, hordoffii haala Mirgoota Namoomaa akkasumas hordoffii filannoo boodaa hojjechuun odeeffannoo filannoo wajjin wal qabatan walitti qabuu danda'eera.

bu'ura Kanaan GMNI guyyaa filannoo mala hojimaata olitti tuqaman bu'ureeffachuun taajjabdoota buufataalee filannootti kan bobbaase yoo ta'uu irra guddeeessa mijachuu isaa bu'ureeffachuun mal-bobbii hordofuun  Taajjabdoota dhaabbii heddumminaan buufataalee paartiin morkattootaa itti argaman filachuun taajjabdoota dhaabbii fi sosocho'an  433 bobbaasuun buufataalee 830 ol taajjabuu danda'eera. Odeeffannoo guyyaa filannoo jiran walitti qabuuf unka gosa lama taajjabdootaan guutaman qopheessuun guyyaa filannoo odeeffannoo walitti qabuu danda'eera

Guyyaa filannoottis taajjabdoota filannoo dhaabbii fi sosocho'an bobbaasuun mala odeeffannoo wal jijjiiruu hundeessetti fayyadamuun waajjira isaa muummeerraa kutaa hordoffii taatee hundeessuun ogeessa hordoffii taateewwanii 25 leenjisee bobbaasuun odeeffannoo kallattiidhaan taajjabdoota filannoorraa sassaabuu fi mala sirna sanadeessuu kan hordofe yoo ta'u Ibsa kunis  GMNI taajjabdoota bobbaase kutaalee  hordoffii taateewwaniif komii,Iyyannoo akkasumas W/ dameelee hundaa odeeffannoo Taajjabdootarraa isaan gahe

bu'ura godhachuun tarreeffama filannoo fi mala olittii ibsame fayyadamuun odeeffannoo argame bu'ureeffachuun gabaasa filannoo qophaa'edha.

## 8. Rakkoowwan / Daangeffama

- GMNI adeemsa filannoo biyyoolessaa 7ffaa iirratti hirmachuuf taasiseen hanqinni Mallaqaa rakkoo isa guddaa kan ture ta'u kanaafis sababni guddaan Dhaabbileen Waldaalee Hawwaasummaa Labsii fooyya'iinsa sadarkaa wixineetti ifa ta'e akka jirutti yoo mirkanaa'e Qaamoleen waloo filannoo irratti waliin hojjechhu hojii yaadame nii danqa yaaddoo jedhuun waliin hojjechuuf hayyamamoo ta'uu dhabuu.
- GMNI Naannoo Oromiyaa Magaalaa Jimmaa fi Naqqamteetti taajjabdoota bobbaasuuf fo'ee leenjise filannoof guyyaan tokko yoo hafu hanga kaffaltiin Kan wal qabate mataa isaanii taajjabdummaarraa waa of deebisaniif bakkeewwan kanneenitti GMNI akkaataa karoorfateen hojii taajjabdummaa akka hin hojjenne taasiseera.
- Naannoo Sidaamaa Buufatni Filannoo Magaalaa Hawwaasaa Taajjabaa Filannoo GMNI gara buufata filannoo akka hinseenne dhorkuu.

## 9. Tumaalee Seeraa Filannoon wal qabatan

Hagayya 15/1987 eegalee hojiirra Kan oole Heerri mootummaa FDRI guyyaa mirkanaa'e eegalee Bara 2018 filannoo saddeettaffaa dabalatee Itiyoophiyaatti Filannoo Torbaa Biyyoolessaa fi Filannoo Naannolee, Filannoo naannoo Lama fi Murtee sagaalee Uummataa saddeti gaggeeffameera. Heera Mootummaa keewwata 38 " Lammiin Itiyoophiyaa Kammiyyuu Bifaan,sanyiin,sabaan, sablammummaan, saalaa,Afaaniin,Amantaan,Siyaasaan ykn Ilaalcha kan biraanykn Ejjannoo kan biraan irratti bu'ureeffate adda addummaan osoo hintaasifamin Mirgoota Itti aanan qabu" jechuun Lammiin Itiyoophiyaa hundi mirga filuu fi filatamuu mirkaneessa. Seeronni wal fakkaatoo Kun mirga lammilee Itiyoophiyaa hunda; paartiiwwan Siyaasaa, Waldaalee Hojjettootaa, Waldaalee daldaltootaa fi Miseensa garee Kan biro ta'uu mirkaneessa. Dabalataanis Herri Mootummaa itti gaafatamummaan isaa Mana Marii Bakka Buutota Uummataa Kan ta'e Boordiin Filannoo Biyyoolessaa akka dhaabbatu keew.102 mirkaneesseera.dabalataanis

Heerri mootummaa filannoo wajjin kan wal qabataii fi mirgoota siyaasaa gurguddoo qixa ta'an ni mirkaneessa. Bu'uruma Kanaan Labsii lakk.1133/2011tiin Boordiin Filannoo Bilsaa ta'ee Mana marii b/b uummataatiin dhaabbateera.

Labsii Lakk.1162/2011; kun Galmeessa fi Amala filannoo fi Siyaasa Itiyoophiyaa ilaalchisee labsii bahe yoo ta'u labsichis Itiyoophiyaatti filannoon gosa adda addaa,sirna filannichaa,sadarkaa bulchiinsa filannoo,amala filannoo,galmee filattootaa fi Kadhimamtootaa ,dadammaqsa filannoo sirna dhageettii komii,adeemsa kenniinsa sagalee fi Lakkobsaa akkasumas ibsa bu'aa kan ilallatu dhimmoota hedduu kan qabatan seerota fayyadan qabateera. Kana malee dabalataanis Labsichi Paartileen siyaasaa Kan ittiin hundeeffaman, kan ittiin walaitti makaman, kan bakka ittiin bu'an, kan ittiingalmaa'anii fi karaa ittiin diigaman akkasumas paartiin siyaasaa fi miseensonni isaanii Mirgaa fi dirqamoota qaban tarreeffamaan mirkaneessa. Itti dabalees Labsicha kutaa 5 jalatti gareen taajjabdootaa, Gazeexistootaa fi Paartileen siyaasaa fi b/buutonni adeemsa filannoo hordofuu barbaadan adeemsa filannoo irratti hirmachuuf seerota hordofuu qaban ifatti mirkaneessa. Labsiin kuna bu'ura godhachuun qajeelfamoonnii adda addaa kan bahan yoo ta'an kana keessaas haala adeemsa kenniisa hayyamaa Taajjabdoota biyya keessaa fi qajeeltoo amalaa Lakk.5/2012 akkasumas Dhaabbilee Hawwaasummaa Filattootaaf barumsa kennaniif fi sirnna kenniinsa hayyama Dhaabbilee Barnootaa ol'aanoo fi Qajeelfamni amalaa bahaniiru.

Dabalataniis Labsiin Boordii filannoo lakk.1162/2019 Naannolee murtaa'an labsii Lakk.1394/2025 Kan fooyyessee fi seerota haaraa tokko tokko keessa galchee Mana Maree bakka buutotaatiin mirkaneessseera. Labsiin fooyya'e Kun hirmannaa Dubartootaa, Qaama miidhamtotaa Kan jajjabeessuu fi Tekinoloojii adeemsa filannootiif fayyadamuun kan dandaa'amu ta'uu boqonnaawwan seeraa mirkaneessan keessatti kan hammatamanidha. adeemsi filannoo Kanaan dura turan hirmannaan Dubartootaa, kan Qaama miidhamtootaa filannoo irratti qaban gahaa miti kan jedhanii fi deggarsa seeraa kana kan kennan Boqonnaawwan seeraa seera filannootti akka makaman sadarkaa yaad-gorsaatti qaama adda addaatiin dhiyaataa kan turan ta'uu fi hirmannaan Dubartootaa fi

kan Qaama miidhamtootaa hanga ammaatti hanqina kan qabu waan ta'eef GMNI Labsiin kun gaaffiwwan kanneen adeemsaan nii deebisa jedhee nii amana.

## 10. Hordoffii Filannoo duraa (Pre-Election monitoring)

GMNI sababni hordoffii filannoo duraa Kan taasisu keessa Hawwaasni Mirga Filachuu fi filatamuu isaa akka ta'utti giddu seentummaa eenyuyyyuu malee Mirga heera mootummaa isaa fayyadamuu isaa hubachuufidha.

### 10.1. Galmee Filattootaa

Lammiilee Naannoo baayyeedhaa bilisaan galmaahuun mirga akardii filannoo fudhachuun mirga isaaniitti fayyadamuun kaardii fudhachuu kan danda'an yoo ta'anillee sababa naannowwan murtaa'anitti rakkoo tas-gabbii fi walitti bu'iinsa jiruun wal qabateen adeemsa filannoo irratti hirmachuu hafuun isaanii fi bakkewwan murtaa'anitti Bakka buutonni Yookan Nammoonni Miseensa Paartii biyya bulchuu ta'anii sodaachisaa fi sossobbii adda addaatiin Nammoonni kaardii filannoo akka fudhatan taasisaa turuu taajjabuun dandaa'ameera. akka agarsiistuuttis magaalaa Gondoritti Kutaalee hawwaasa fayyadamtoota "seftinetti" ta'an Namoota murta'an filattummaan akka galmeessan dirqqamsiisaa kan turan ta'uu,Barattootni Waraqaa Eenyummaa fudhachuun galmaa'uu ,Namoota kaardii filannoo bakka adda addaatti argamurraa fudhatanitti bilbila bilbiluun guyyaa filannoo akka hin hafne sodaachisoon kn irra gahe ta'uu fi bakkewwan murta'anitti kaardii filannoo yoo hin fudhanne Xaa'oo argachuu akka hin dandeenye Qaama Mootummaatiin kallattiinis ta'ee al-kallattiin dadammaqsuun kan taasifame ta'uun GMNI hordoffii isaa filannoo duraatiin taajjabuu danda'eera. Gochaan Kun Filattootni bilisaan hayyama isaaniin Mirga filachuu akka qaban Mirga heera mootummaan mirkanaa'e gocha sarbudha.

### 10.2. Fo'annaa Taajjabdoota Filannoo

Taajjabdommaa Filannoof hirmachuuf Hayyamamoo kan ta'anii fi ulaagalee isaa kan guutan akka galmaa'an GMNI Fuula marsariitii

hawwaasummaa irratti beeksiisni baasuun W/Dameelee GMNI akka galmaa'an waamicha dhiyaatu simachuun taajjabdoota 590 ta'an galmeesseera. Taajjabdoota galmaa'aniif bakkeewwan adda addaatti leenjiin kennameeraaf.

**Tarreeffamma baayyina Taajjabddotaa GMNI n bobbaase.**

| Lkk. | **Naannoo** | **Baayyina** |
|---|---|---|
| 1 | Naannoo Sidaamaa | 109 |
| 2 | Naannoo Amaaraa | 60 |
| 3 | Naannoo Oromiyaa | 22 |
| 4 | Naannoo Sumaalee | 12 |
| 5 | Naannoo G/G Itiyoophiyaa | 32 |
| 6 | Finfinnee (A/A) | 44 |
| 7 | Harar | 54 |
| 8 | Dirre dhowaa | 22 |

Taajjabdoota Filannoo GMNI bobbaaseen dabalataan kutaa hordoffii taatewwan guyyaa filannoo waajjira muummee isaatti hundeessuun Namoota 25 taatewwan filannoo hordofan leenjisuun taatewwan guyyaa filannoo hordofuu danda'eera.



**Kutaa hordoffii**

## 10.3. Barnoota Filannoo

Filannoo tokko Bilisa, sirrii fi amanamaa taasisuuf hirmannaan filattootaa hiika qabu isa ol'aanaadha. Kana gochuu Kan isaan dandeessisubarnoota filannoo kennuun lammiileen Beekumsa Sirn-lammiilee, hubannoo fi amalaan akka dabaalaman fi waa'ee filannoo fi Sirna Dimokiraatawaa beekumsaa fi raga qabachiisuun barbaachisaadha. GMNI Barumsa filannoo Lammiileen maalummaa seerota filannoo akka hubatan,walitti bu'iinsa ykn wal-dhabdeen tibba filannoo ka'aniif kan ittiin furaman Qaama abbaa seerummaa fi sirnoonni jiraachuu fi adeemsa isaanii beeksisuuf,lammiileen filachuufis ta'ee filachuurra darbee gahee qaban akka hubatan dandeessisuuf,kakka'umsa filannoo akka qabaatan akkasumas filannoo beekumsarratti hundaa'e akka geggeessan yaaduun barumsi kennameera.

GMNI Dhaabbilee adda addaa deggarsa taasisan waliin ta'uun Magaalota Hawwaasaa, Baahir daar fi Gondoriitti tola ooltota 192f Leenjii Leenjistootaa (ToT) kenneera. Leenjistootni kunneen gara Hawwaasaati gadoi bu'anii sochii taasisaniin hojiiwwan armaan gadii galmaa'aniiru.

- **Naannolee Kibbaa fi Sidaamaatti**:-Magaalota Hawwwaasaatti,Shabbadiinoo,Melgaa,Gorichee,Wandoo gannatii fi naannoo Boorichaatti argaman Lammiilee **2,694** barnootni filannoo kallattiin kan kenname yoo ta'u;waraqaa harca'u(papilettii) bittinsuunimmoo lammiilee **53,880** al-kallattiin dhaqqabuun danda'ameera.
- **Naannoo Amaaraa :-** Magaalota Bahir-daarii fi Gondoritti naannoo isaaniitti karaa dorgaggoota leenjicha fudhataniin lammiilee **20,000** ta'aniif barnoonni hubannoo uumuu kallattiidhaan kennameera. Haaluma wal fakkaatuun waraqaalee bittimfaman fayyadamuun lammiilee **250,000** ta'aniif odeeffannoon al-kallattii akka gahu taasifameera.

Walumaa gala sagantaa barnoota filattootaa Kanaan lammiilee **22,694** kallattiidhaan fuulaa fuulatti barsiisuun akkasumas lammiilee **303,880** karaa waraqaa harca'uu (bittimfamuu) al-kallattiin ittiin gahuun kakka'umsa filannoo lammiilee guddisuun dandaa'ameera.



Barumsa Filannoo yeroo kennanii fi waraqaa yeroo bittinsan suura agarsiisu



**Barnoota Filannoo kennuuf Leenjistoota leenji'an**

### **10.4.** Galmee Kadhimamtootaa

Galmee kadhimaamtootaa ilaalchisee Labsii lakk. 1162/2011 keewwata 31 namni kamuu Itiyoophiyaa Umriin isaa 21 ta'ee fi guyyaa filannoo dursee naannoo filannoo keessa idileedhaan waggaa tokko yoo jiraate ykn bakki dhalootaa nannoo filannoo kadhimummaa itti dhiyaachuuf barbaade keessa yoo ta'e ykn naannoo itti kaadhimummaan itti dorgomu waggaa lama idileedhaan kan hojjete yoo ta'e fi mirgi kadhimummaa isaa seeraa kan hin daangeffamne yoo ta'e kadhimummaan dorgomuu akka danda'u ni mirkaneessa.

Filannoo Biyyoolessaa 7ffaa bu'ura Labsii fooya'e lakk.1394/2017 irratti taa'een jechuunis adeemsa filannoo hammayyeessuu fi qaroomsuuf akka gargaaruuf galmee kaadhimaamtootaa mala dijitaalaan fayyadamuun akka danda'amu bu'uruma taa'een boordiin filannoo kana gara hojiitti mala galchu guddisuun adeemsa kaadhimamtootni toorarran (online) galmaa'an diriirseera. Waanuma fedheefuu kaadhimamtoonni baayyeen sirna Kanaan galmaa'uu danda'an yoo

ta'eyyuu; sirnichi mirga lammiilee siyaasatti hirmataan Kan dhipphisu ta'uu isaa mormuun paartileen siyaasaa wal ta'uun Amajjii 15/2018 ibsa baasaniiru. Komiiwwan paartileen kaasan gurguddoo keessaa hojimaataa fi hanqinni Mirgootaa akka itti armaan gadiitti argamu.

- **Dhiinbbaa Hirmachiisummaa Qaama Miidhamtootaa faallessu፡-** kaadhimamtootni Qaama Miidhamtootaa miidhamaa isaanii mirkaneessuuf Hospitaala adda addaa lamarraa Ragaa yaalaa akka dhiyeeffatan gaafachuu;
- **Madaalliwwan Bulchiinsaa ciccimoo ፡-** Sirna Dijiitaalaa qofti filannoo dirqisiisaa taasisuu fi Ragaa dhalootaa dhiyeessuu dirqisiisaa taasisuu;
- **Hudhaalee Tekiniikaa ፡-** Lakk. darbiinsaa Iccitii galmeessaaf ergamu (OTP) turtiin yeroo isaa baayyee gabaabaa (Daqiiqaa3) ta'uu:
- **Sarbama Danbii Bakka bu'iinsa Partii፡-** Kaadhimaamtootni beekamtii paartii isaanii alatti hojimaatni mataa isaanii kaadhimamuummaa keessaa of-baasuu danda'an jiraachuu, akkasumas baayyinni teessumaa Mana Marii Naannoo beekamtii paartii dorgomaan alatti dabaluu.

GMNI Komiiwwan kanaa fi akkaataa deebii Boordii filannootiin adeemsa galmeessaa Kaadhimamtootaatiin hordofaa kan ture yoo ta'u; argannoo isaatiinis hojiirra oolmaa sirna galmeessaa dijiitaalawaa Paartilee fi Kaadhimamtootni isaanii hudhaa tokkomalee Mirga filatamuu isaanii (Right to be elected) hojiirra oolchuuf hanqina guiddaa akka itti uume hubachuu danda'eera.

## 10.5. Qophii Paartilee Siyaasaa fi Dadamaqsa Filannoo

Labsii Lakk.1162/2011 Keewwata 43(1) Kaadhimamaan dorgomaa tokko galmaa'ee guyyaa itti kaardii Eenyummeessaa argatee eegalee hangaa filannoof guyyaan afujr hafutti Bulchiinsarraas ta'ee Mana qopheessaa irraa hayyama gaafachuun osoo isa hinbarbaachisin barreeeffama qofaan beeksisuu fi diqamoota seeraa kabajuun mataa isaanis ta'ee karaa deggartoota isaa wal-gayii deggarsaa waamuu ykn Mirga hiriira Nagaa gochuu qaba jedhee mirkaneessa.

Filannoo Biyyoolessaa 7ffaa paartilee siyaasaa 42 olii fi dorgomtoonni dhuunfaa baayyina qaban itti hirmataniiru. Kaadhimamtootni paartilee siyaasaa fi dorgomtootni kaadhimamtoota dhuunfaa hojii isaanirraa barbaachisan keessaa

akkuma olitti Labsiin ibsamee fi akka cimina paartilee isaaniitti Kan ittin madaalaman keessaa Manifeestoo isaanii fi filannoowwan poolisii isaanii uummata filataniif beeksisuu danda'uu isaaniiti. dadamaqiinsi filannoo keessumaa dhiyaachuu filannoo hordofee paartilee murtaa'an keessumaa paartiin biyya bulchu magaalota adda addaatti waamicha hiriira nagaa taasisuun bahamaa kan ture yoo ta'ullee garuu paartileen siyaasaa hedduun karaa toora quunnamtii jechuunis Raadiyoo,televisziinaan akkaataa kootaa(gahee) yeroo isaaniif sagantaa'een manifeestoo paartilee isaanii fi filannoo poolisii isaanii akkasumas paartiin tokko sochii karaa miidiyaa hawwaasaa qabiyyee adda addaa fayyadamuun filannoo poolisii qabu dhiyeessuuf tureen alatti hiriira Nagaa taasisuu,yaaliin walgayii deggarsaa taasisaa ture gahaa kan hin turree fi hawwaasa filatuuf haala gahaan mataa isaanii fi filannoo poolisii qaban akka ta'utti osoo hin beeksisin filannootti akka seene GMNI taajjabuu danda'eera bakkewwan murtaa'anitti rakkoo Nageenyaa biyya keenya jiruun wal qabatee paartileen bilisaan bakkaa bakkatti sosocho'anii filannoo poolisii qaban uummata filatuun ga'uuf danqaa itti uumee akka turee fi Naannoowwan walitti bu'iinsi turettis dadamaqiinsa filannoo taasisuun mataansaa naannoolee garee hidhate socho'uutti miidhaaf saaxilamaa akka turee fi dadamaqsa filannoo taasiissuuf mijataa akka hin turre GMNI taajjabbii filannoo duraa taasiseen hubachuu danda'eera.

### 10.6. Haguuggii Miidiyaa

Haguuggii miidiyaa ilaalchisee Labsii lakk.1162/2011 keewwata 44 irratti itti fayyadama toora quunnamtii ilaalchisee toora quunnamtii to'annoo mootummaa jala kan jiran jechuunis Raadiyoo,Televizhiina fi Gazeexaalee Dorgomtootni paartilee siyaasaa mirga Loogii malee itti fayyadaman akka qabanii fi itti fayyadamaa fi akkaataa gabaasa filannoo ilaalchisee Boordiin filannoo qajeelfama akka baasuu fi bu'uruma Kanaan itti fayyadama toora quunnamtii paartilee siyaasaa Abbaa taayitaa Brood kaasiing waliin ta'uun akkaataa itti fayyadama toora quunnamtii nii mijeessa jechuun mirkaneessa.

Bu'uruma Kanaan Boordiin filannoo sagantaalee yeroo qilleensaa Kaadhimamtoota dhuunfaa kan taasise yoo ta'u kaadhimamtoota dhuunfaa dhiiraaf turtii daqiiqaa 15 kan qabu raadiyoo tokkoof,Televisziinii tokkoo fi Gazeexaa tokkoof akkasumas kaadhimamtuudhuunfaa dubartiif tamsaasa toora quunnamtii sadii keessaa

tamsaasa filatteen akka dabarfattu carraa tokko kenneera.

Karaa Kan biraan kaadhimamaa Qaama miidhamaa Dhiira yoo ta'e filannoo tamsaasa sadii keessaa sagantaa yeroo qilleensaa bilisaa si'a tokko ture filannoo tamsaasaa carraa dabaltaa tokkotu kennamaaf .haaluma wal fakkaatuun yoo Kaadhimamtuu dubartii taate filannoon gara shaniitti akka ol siqu Boordichi kaa'eera. akkaataa gabaasuu filannoo toora quunnamtii fi amala fi qajeelfama hojimaataa Gazeexistootaa lakk.02/2013 irratti Miidiyaan Mootummaa hundi paartilee dorgomtootaa hundaaf ejjennoo isaanii uummata isaan filatuuf dhiyeessuuf Carraa haqawaa akka argatan kan mirkaneessu yoo ta'eyyuu Filannoo biyyoolessaa 7ffaa irratti paartileen Miidiyaa mootummaa adda addaarratti ejjennoo isaanii, poolisii isaanii beeksifafachuuf yeroon qilleensaa isaaniif kenname Paartii Biyya bulchuuf yeroo kenname wajjin yoo ilaalamu haqa akka hin taanee fi yeroon qilleensaa paartii Biyya bulchuuf kenname hojiiwwan Misoomaa hjjetaman agarsiisuun kan itti fayyadame yoo ta'u kunis Hawwaasni paartii biyya bulchu akka filatu kakaasuuf akka ta'e GMNI hordoffii miidiyaa taasiseen beekuu danda'eera.

### 10.7. የሴቶች፣ የወጣቶች እና የአካል ጉዳተኞች ተሳትፎ

Adeemsa Filannoo guutuu Kan taasisan keessaa filannootti kutaaleen Hawwaasaa hundi bilisaa fi birmadummaa karaa ta'een filannoo irratti himannaa taasisuu danda'uu isaati. Haalli Kun dhimmoota agarsiistuu ta'an keessaa Boordiin filannoo kutaalee Hawwaasaa saaxilamoo Dubartootaa fi Qaama miidhamtootni hammatamoo akka ta'an sochii taasisuu fi tarkaanfiin fudhataman agarsiistoota gurguddaadha. Haala Kanaanis labsiin Boordii filannoo Lakk.1162/2011 fooyyessuun labsii lakk.1394/2017 irratti hirmannaa Dubartootaa fi Qaama Miidhamtootaaf beekamtii kenneera. Karaa kanaanis kaadhimummaan, filachuudhaanii fi filannoo raawwachiistummaan Dubartoota, Qaama miidhamtootaa fi Dargaggoonni akka hermatan taasifameera. GMNI Buufataalee Filannoo hordoffii irratti taasise

- Dubartootaa fi Dargaggoonni 50% ol raawwachiistummaa filannoo irratti Kan hirmatan ta'uu isaanii.
- Taa'umsi Bakka buufataalee Filannoo hedduun Qaama miidhamtootaaf mijataa Kan ture ta'uu, filannoo irratti himachuuf

mijataa ta'uu isaa GMNI taajjabuu danda'eera.

Qaama miidhamtootnii fi Dubbartootni hirmannaan kaadhimummaan qaban muraasa Kan turee fi hojii hubannuu uumuu guddaa hojjechuun akka irra jiraatuu fi Hojjimaata danqaa ta'an tokko tokko fknf Qaama miidhamtootni raga qaama miidhamtummaa akka dhiyeessan hojimaanni gaafataman salphaa fi hirmannaa qaama miidhamtootaa Kan jajjabeessu ta'uu qaba.

## 11. Do'annaa guyyaa Filannoo (Election Day Observation)

### 11.1. Baniinsa Buufalaalee Filannoo

GMNI Buufataalee filannoo Taajjaabdota itti bobbaase sadarkaa hedduu jechisiisuun buufataaleen filannoo yeroo isaanii qabametti filattootaaf banaa ta'uun adeemsi sagalee kennuu yeroo isaa eeggatee kan eegale yoo ta'u buufataaleen filannoo naannootti dhiyootti kan hundeeffaman waan ta'aniif hawwaasni filatu fagoo deemuun osoo hin barbaachisn naannoo isaaniitti filachuu danda'uu isaanii fikutaalee hawwaasaa saaxilamoon adeemsa filannoottii dursi kan kennameef waan ta'eef akkasumas buufataaleen filannoo qaama miidhamtootaaf mijatoo ta'uunsaa GMNI taajjabuu danda'eera.

### 11.2. Icciitummaa Kenniinsa sagalee Kan ilaalchisee

Filannoon Bilasa ta'uu taatewwan ibsan keessaa tokko filattoonni guyyaa filannoo bilisaan adeemsa iccitummaan isaa Kara eegameen sagalee isaanii kennuu danda'uu isaaniiti. buufataalee filannoo muraasa irratti Kutaalee Hawwaasaa deggarsa barbaadaniif Namootni ramadaman osoo hingaafatamin bakka iccitii wajjin seenuudhaan filattoonni mirga bilisaan filachuu isaanii akka hin fayyadamneef raawwachiistonni filannoo sochii hin malletaasisan akka turan GMNI taajjabuu danda'eera. Fknf Naannoo Filannoo Sidaamaa nannoo hawwaasaatti buufataaleen Filannoo argaman hayyama filattootaa malee bakka iccitii sagaleen itti kennamu wajjin seenuu, Naanoo Amaaraa buutaaleen filannoo muraasatti waraqaa sagalee hinfayyadamin (duwwaa hin guutamin) mallattoo itti guutuun korojoo keessa buusuu isaanii GMNI taajjabuu danda'eera.



**Filannoo raawwachiistonni hayyama filataa malee bakka iccitiitti argamuu isaanii fakkii ibsu.**

### **11.3.** የፓርቲ ወኪሎችና ታዛቢዎች መገኘት፤

Waklabummaa fi bilisummaa filannichaa eegsisuun akka dandaa'amuu buufataalee filannootti taajjabdootaa filannoo fi bakka buutota paartilee kan argamuu qaban yoo ta'ellee buufataalee filannoo tokko tokkotti garuu taajjabdoonni filannoo fi bakka buutonni paartilee addumatti bakka buutonni paartilee morkattootaa jiraachuu hafuu isaanii adeemsa filannichaa irratti danqaa guddaa kan uumee ta'uu isaa fi addumatti Naanno Amaaraatti buufataalee filannoo Magaalaa ala turanitti bakka buutota paartii morkataas ta'e taajjabdoonni kan hin argamne ta'uu GMNI taajjabuu danda'eera.

### 11.4. Tasgabbii fi Nageenya

GMNI Biyya keenya kutaalee murtaa'an keessatti tas-gabbiidhabiinsas fi walitti bu'iinsa jiruun wal qabatee dhiibbaa filannoo biyyoolessaa 7ffaa irratti qabu hojii isaa hordoffii duraatiin akkasumas taatewwan Mirgoota Namoomaa Torbaniitiin hordofaa tureera. Naannoo Tigiraayitti yeroo lammaffaaf naannichatti sababii Nagaa fi tas-gabbiin dhibuutiin Naaannichatti Filannoon akkaataa kaayyeffameen osoo hingaggeeffamiin hafeera. Addumatti Naannolee Amaara fi Oromiyaa kutaalee muraasatti Humanootiin hidhatan adda addaa hawwaasicha haala guddaadhaan filannoo irratti akka hin hirmanne sodaachisoo fi itti dhaaddannaa irratti raawwataa waan turanii fi kanaa wajjin wal qabatee bakka muraasatti filannoon akka hin gaggeeffamne Boordiin filannoo murteesseera. Sababa kanaanis paartileen siyaasaa bakkewwan walitti bu'insi hidhannoo jirutti bakkaa bakkattii soosocho'anii bilisaan poolisii paartii isaanii fi Manifeestoo isaanii osoo hin beeksifatin hafaniiru.

Guyyaa filannoottis buufatalee filnnoo 143tti adeemsi filannoo addaan cite waan tureef buufataalee murtaa'anitti fknf Naannoo Amaaraatti buufataaleen filannoo 15 nageenya isaa eegsisuun bakka turetti deebisuu danda'uun adeemsi filannoo itti fuufuunii fi Naannoo Oromiyaa Naannoolee Buufata Filannoo;Biloonophaa,Makkoo sachii,Qarsaa nageenyi boora'uun uumamee waan tureef haalli Nageenyaa fooyya'uu dadhabuun Naannoon filannoo Biloonophaa Caamsaa 25/2018tti kan darbe ta'uun isaa fi rakkoo nageenyaa Makkoosaachiin uumame fooyyee waan hin agrsiisneef filannoon addaan cituu GMNI taajjabeera.

## 11.5. Argannoo Guyyaa Filannoo

Qophiin Buufataalee filannoo adeemsa filannootiif shoora guddaa akka qaban GMNI bakka buufataaleen filannoo itti hundeeffaman,wantoota buufataalee filannoo keessatti argamuu guutamuun malu Boordii filannootiinis dhiyaachuu malanii fi fiixaan ba'iinsa filannootiif meeshaaleen bu'uraa guutamuu isaanii akkaataa Labsii lakk. 1162/2011tiin taajjabuu dandaa'eera.bu'uruma Kanaan argannoo isaa akka itti aanutti dhiyeesseera.

| **Lakk** | **Argannoowwan Buufata Filannoo turan** | **Buufata filannoo hangam** | **Qorannaa** |
|---|---|---|---|
| 1 | Buufataaleen filannoo bakkeewwan itti hundeeffamuu malan alatti jechuun Gamoo Waraanaa (Loltootaa)Poolisii, Amantaa,paartii) kan hundeeffaman | 23 | |
| 2 | Taajjabdoonni GMNI akka hinseennee fi adeemsa filannoo akka hin hordofne dhorkuu | 20 | |

| | | | |
|---|---|---|---|
| 3 | BuufataaleeWaraqaan kenniinsa sagalee itti hin guutne(hanqatan) | 14 | |
| 4 | GalmeenFilattootaa jiraachuu dhabuu | 7 | |
| 5 | Chaaphaan seera qabeessa Boordichaabuufataa jiraachuu dhabuu | 3 | |
| 6 | Korojoon kenniinsa sagalee guutamuu dhabuu | 13 | |
| 7 | Haalluun qubaa gadi hin lakkisnee buufataa jiraachuu dhabuu | 3 | |
| 8 | Korojowwan saamsamuun dura duwwaa ta'uun isaanii kan hin mirkanoofne | 6 | |
| 9 | Korojoowwanyeroo saamsamanbakka buutonni, taajjabdoonnii fi raawwachiistonni kan hin argamne | 5 | |
| 10 | Kan GMNI alatti taajjabdoonni kan biraan buufatichi yeroo banamu buufata irratti hin argamne. | 25 | |
| 11 | Buufataalee Koree Komii dhageessuu kan itti hin hundoofne. | 146 | |

Guca olitti dhiyaate irratti akkuma argamu GMNI buufataalee Filannootti addumatti Filannoo; Labsii galmeessaa paartilee siyaasaa fi sirna amalaa lakk. 1162/2011 akkasumas labsii 1162/2011n fooyya'e labsii lakk. 1394/2017n GMNI hojii taajjabbii isaa Kan hojjete yoo ta'u Labsiiwwan Kanaan ifatti akkuma taa'etti buufata filannoo tokkotti wantootni guuttamuu qaban keessaa inni tokko guyyaa filannoo komii dhageessuu hundeessuu heera.GMNI buufataalee 146tti koreen komii dhageessuu kan hin hundeeffamne ta'uu taajjabuu danda'eera.

### 10.6. Cufiinsaa Buufataale filannoo fi lakkaawwii

Filannoo Biyyoolessaa 7ffaa buufataaleen filannoo sa’aa itti cufaman dheeressuun lammiileen akka sagalee Kennan ta’eera. haalli itti saani filannoo itti dheeratu kan jiru ta’uu Labsiin Lakk, 1162/2019 keew.49 Boordiin bilisummaa fi haqummaa filannoo caalaatti mirkaneessa jedhee yoo itti amane saa itti sagaleen kennamu dheeressuu akka danda’u mirkaneessa. Garuu dheerinni saa boordiin filannoo taasise iftoominni akka itti hir’atee fi buufataaleen filannoo hedduun filattoota galmeessan filachiisanii Kan xumaran yoo ta’eyyuu adeemsa lakkoobsa isaanii saa idilee isaaniitti gochuu akka qaban ibsa baaserratti ifatti kaa’uu dhabuu isaatiin addumatti filannoo raawwachiistonnii fi taajjabdoota qisaasama hin malleef Kan saaxile ta’uu GMNI taajjabuu danda’eera.

Saan filannoo hanga halkan keessaa saa 6:00tti dheerachuun wal qabatee lakkofsi Kan eegale halkan keessaa saa 6:00 booda waan ta’eef taajjabdoonni GMNI buufataalee filannoo akka bulan kan dirqisiisee fi walumaa gala filannoo raawwachiistotas qisaasama guddaaf kan saaxile ta’uu GMNI taajjabeera. sababa saan filannoo dheerachuutiin buufataalee filannoo 30 tti sagalee lakkaa’uun caamsaa 25/2018 tti kan dbre ta’uu;buufataalee filannoo 39tti sagalee lakkaa’uun eega eegalee booddee sababoota adda addaatiin jechuun boordiin filannoo saa idilee filannoo dheeressuu isaa fi dheerachuun isaa kan ibsame yeroon idilee filannoo eega raawwatee booda waan ta’eef lakkoobsa sagalee eegalan addaan kutuuf kan dirqaman ta’uu,buufataalee filannoo 19 tti wayita lakkobsa sagaleetti bakka buutota paartileen alatti Miseensonni paartii badhaadhinaa adeemsa sagalee lakkaa’uu keessa seenuu akkasumas Naannoo filannoo Hararitti buufata filannoo kolleejjii Poolii tekiniikaatti korojoon sagalee baduu isaatii fi buufataalee filannoo muraasatti filannoo raawwachistoonnii fi bakka buutotni paartii badhaadhinaa waraqaa mallattoon itti godhame korojoo sagalee keessa buusuun isaanii akkasumas buufataalee filannoottilakkoofsi sagalee xumuramee booda bu’aan sagalee maxxanfamuu GMNI taajjabeera.

## 11. Bulchiinsa Bu’aa (Results Management)

GMNI Buufataalee filannoo taajjabdoota bobbaasetti baayyinaan sadarkaa jechisiisuun adeemsi sagalee kennuu eega xumuramee booda adeemsi lakkoobsi sagalee Kan geggeeffame yo ta’u adeemsi lakkoobsa sagalees ulaa buufataalee filannoo fi naannoo isaarratti Kan maxxanfame ta’uu GMNI taajjabbii isaatiin

hubachu danda'eera. kanuma hordofee tokkoon tokkoo buufataalee filannoo bu'aa isaa fi korojoo sagalee saamsuun filannoo Naannoof kan erge ta'uu; hojiin sagalee ida'uu fi bu'aa walii gala ifa gochuun yeroo qabame keessatti kan raawwatame ta'us kaadhimamtoota dhuufaa fi paartillee adda addaa irraa iyyataa fi komii boordiif dhiyeesseen wal qabatee bu'aa Naannolee filannoo komiin irratti dhiyaate osoo ifa hin godhiin tureera.dhumarratti boordii filannootiin murtii komii dhiyaate irratti kenne hordofee bu'aa naannolee filannoo ifa gochuun kan danda'ame ta'uu GMNI taajjabeera. Boordiin Filannoo bu'aa filannoo ibsuuf qophii fi adeemsi taasise yeroo yerootti Miidiyaalee haffeeruun yeroo adda addaa bu'aa filannoo ida'uun haala walii galaa irra gahe waa'ee adeemsa filannoo yeroo yerootti ibsa kennaa turuu isaa adeemsa bu'aa hawwaasaaf ifa taasisuuf yaaluu isaa GMNI taajjabeera.

## 12. Gamaaggama Mirgoota Namoomaa (Human Rights Assessment)

Filannoo dimokiraatwaa Dhugaa geggeessuun ijaarsa sirna dimokiraasiif,kabajamuu mirgoota Namoomaaf, ol'aantummaa seeraa mirkaneessuuf bu'ura baayyee murteessaa ta'e kan kaa'uudha. akkaataa Kanaan adeemsaalee filannoo bu'ura ta'an keessaa inni tokko paartileen ejjennoo paartii isaanii hawwaasaaf beeksisuu fi poolisii (Seera)paartilee isaanii fi sirni hawwaasa biratti cimsuu akkuma ta'e Filannoo biyyoolessaa 7ffaa irratti bilisummaa yaada bilisaan ibsachuu kana fayyadamuun paartileen sochii mataa isaanii beeksifachuu taasisan filannoo duraan turanirraa dhabaa ture. Mirga walitti qabamu fi Ijaaramuu ilaachisee heera mootummaa Federaalaa keewwata 31 fi labsii Galmeessaa filannoo paartilee siyaasaa Itiyoophiyaa fi amalee keewwata 43 irratti qaama ilaallatuuf barreeffamaan beeksisuu qofan hiriira nagaa geggeessuu fi wal gayiiwwan waamuuf mirga akka qabu mirkaneessa. GMNI Mirgoota kanneen bu'ura godhachuun hordoffii taasiseen Paartii biyya bulchuun irra deddeebiin hiriirri deggarsaa waamamaa turaniin alatti sochiin paartilee morkattootaa ture Kan murtaa'e (muraasa) ta'uu beekuu danda'eera. Walumaa galatti GMNI haalota Mirgoota Namoomaa filannoon wal qabatan hordoffii filannoo dura, gaafa filannoo fi yeroo filannoo booda hordofaa Kan ture yoo ta'u argannoowwan mirgoota Namoomaa kanneen Ibsa idilee waggaa keessatti Kan hammachiisu ta'uu ibsa.

## 13. Argannoowwan gurguddoo (Key Findings)

### 13.1. Ilaalchawwan gaggaarii

- GMNI Buufaltaalee Filannoo taajjabdoota bobbaase tti lakkoofsi filannoo raawwachiiftuu dubartootaa baayyeen walakkaa ol ta'uu fi buufataalee filannuu hundatti sadarkaa jechisiisuun filannoo raawwachiistuu dubartootaa jiraachuu isaanii GMNI taajjabuu Kan danda'ee fi
- Buufataaleen filannoo bakka bakkatti fageenya dhiheenyatti kanhundeeffame ta'uu hawwaasni filachuuf fagoo deemuun osoo irraa hin eegamin naannoo isaaniitti filachuu danda'uun isaanii fi kutaaleen hawwaasaa saaxilamoon adeemsa filannootti dursi Kan kennameef ta'uu akkasumas buufataaleen filannoos qaama miidhamtootaaf minataa Kan turan ta'uu GMNI taajjabuu danda'eera. Kunis jedhi Kan Nama jechisiisuufi filannoowwan fuulduratti taasifaman cimee itti fufuu Kan qabudha.
- Tekinoloojii fayyadamuun akka filannootti kaa'uun isaa yeroo isaa Kan hubatee; adeemsa filannichaa salphaa fi ariifataa akkaataa taasisuun jalqabbii jajjabeeffamudha.
- Buufataalee filannoo keessatti dhiyeessiin meeshaalee filannoo ture sadarkaa gahaadha jechisiisuun dhaqabaa ta'uu isaa.
- Daataa taajjabdootaa fi qindeessitootaa filannoo guyyaa tokko dursee gara daataa beeziiti galchuuf Kan dandeessisu hayyama kennuu;
- Sadarkaa baayyee jechisiisuun buufataalee filannoo GMNI taajjabetti adeemsi sagalee kennuu yeroo kaa'ameefitti eegaluu isaa.

## 13.2. Danqawwan/rakkoolee mudatan

- Naannoo buufataalee filannootti filannoo raawwachiiftota,Taajjabdoota, taajjabdoota Paartilee siyaasaa, taajjabdoota dorgomtoota dhuunfaa fi miseensota komii dhageessuun alatti buufataalee filannoo keessatti namoonni kan biroon jechuunis filattoota yoo hin taane argamuu akka hin dandeenye labsii lakk.1162/2011 keewwata 48(2) irratti mirkaneesseera.garuumoo buufataalee filannoo muraasa GMNI taajjabdoota bobbaastti Namoonni miseensota paartii badhaadhinaa ta'an buufata filannoo

keessa kan turan ta’uu fi buufataalee muraasattis naannoo buufata filannoo kan turan ta’uu fi darbee darbees gara buufata filannoo gala bahaa akka turanii fi filattoon haala Kanaan yaaddoon akka itti dhagaa’amu kan taasise ta’uu fi sochii bilisummaa fi walabummaa filanichaa gaaffii keessa kan galchu addatti buufataalee filannoo magaalaa ala ta’anitti kan turan ta’uu GMNI taajjabuu danda’eera.

- dadamaqinsi filannoo guyyaa filannoo guyyaan 4 duraa eegalee dadamaqiinsa gochuun akka hin dandaa’amne labsii lakk.1162/2019 keewwata 43(2) ifatti kan mirkanaa’e yoo ta’eyyuu tajjabdoonni GMNI sosochoa’anii taajjaban bakka adda addaatti naanna’anii wayita filannoo taajjabuu isanii yeroo hojjetanitti buufata filannoo irraa faggeenya murtaa’erratti dadamaqsa filannoo kan taasisaa turan ta’uun << Eenyuun filattanii>> jedhanii Namoonni gaafatan akka turanii fi paartii filachuun isiniif ta’u mallattoo agarsiisuun akka bilisummaas hin filanne bakka bu’ootni paartilee addumatti paartiin badhaadhinaa dhiibbaa geessisuu isaanii taajjabuuf dandaa’ameera.
- Galmee dijiitaalaatiif beekamtii kennun kan jajjabeeffamu yoo ta’eyyuu guyyaa filannootti buufataalee filannoo adda addaatti sirna dijiitaalawaan namoonni galmaa’an sababa adda addaa itti kennuun deebi’aa kan turanii fi filattoonnis adeemsa galmee irratti odeeffannoo guutuu fi hubannaa dhabuu irraa kan ka’e adeemsa galmee osoo hin xumuriin hafuu isaaniitii fi buufatni filannoo bakka itti filatan sirriitti beekuu dhabuun filattoonni qisaasa’uu fi filattoonni muraasnis osoo hin filatin akka deebi’aa turan GMNI taajjabuu danda’eera
- Adeemsa Filannoo biyyoolessaa 7ffaa irratti argaman keessaa dhimmootaa danqaa gurguddaa kana uumaa turan galmee irraatti maqaa filattootaa adda baasuu yoo ta’u kunis baayyee hiriirri gurguddaa (dheeraan) akka argamuu fi hiriirota Kan qindeessu dhibuun filattoota gidduu wal dhidhiibbuun, wal falmii fi nuffii hin malleef sabab ta’uu GMNI taajjabuu danda’eera. Galmichi adeemsifamaa kan ture dijiitaalaan ta’uu isaatiin qubeedhaan ykn tarree lakkofsaatiin taa'uu dahbuun isaa fi Namni galmeessuu tokkoo qofa waan ta’eef filattootni saa dheeraaf hiriirarraa turuuf kan dirqaman waan ta’eef GMNI hubachuu danda’eera. buufataalee murtaa’an irratti rakkinicha furuuf kan jedhu kallatii boordii rraa kennnamedha jechuun galmicha bakka lamatti kanhiran waan ta’eef;

Finfinnee fi naannoo isheetti buufataaleen filannoo bayyee kan walitti hiiqee fi bakka tokkotti buufataalee lama sadii kan turan waan ta'eef to'annoo mijataa kan hin taanee fi haalota dhidhiphinni itti uumaman GMNI taajjabeera.

- sodaa Nageenyaa bakka tokko tokko jiruuf daandiin cufamuun isaa filannoon nagana akka gaggeeffamuf barbaachisa ta'uu akka danda'u GMNI kan hubate filannoo geejjibaa muraasa hayyamameefiin alatti bakka hundumaatti sochiin geejjibaa addaan cituun bakka tokko tokkotti adeemsa filannoottif danqaa kan ture yoo ta'u fknf bakkaa bakkatti sosocho'uun taajjabaa kan turan taajjabdoonni GMNI hojii isaanii raawwachuuf rakkachaa turan
- Yeroon Adeemsi filannoo itti xumurame hangaa ol dheerachuun taajjabdootaa fi filannoo raawwachiistoota irratti dhiibbaa qaamaa fi qor-sammuu uumeera.
- Naannoo Amaaraatti magaalaa Baahir daar gamda 07 buufata filannoo BAlaayi zallaqaa (lakk.addaa buufata filannoo 0306301100709) fi ganda 04 (lakk.addaa buufata filannoo 0306301100403) buufata kenniinsa sagalee keessatti ykn naannicha keessatti bakka buutonni paartiin Biyya bulchu dadamaqiinsa gochaa turuu;
- Naannoo Amaaraatti magaalaa Baahir daar kutaa magaalaa daagimaawwii miniliki (lakk.addaa buufata filannoo030630110110)tti qaamoleen nageenyaa buufata kenniinsa sagalee keessatti filattoota jeequu fi Nama tokko irratti reebicha raawwachuu isaanii GMNI taajjabeera.

## 14. Yaad-Gorsa/Furmaata (Recommendations)

- **Boordii filannoof**

- ✓ Boordiin filalannoo filannoo raawwachiistotni dandeettii filannoo raawwachiisummaa isaanii fi birmadummaa isaanii caalaatti guddisuuf leenjiiwwaan babal'aa akka kennu;
- ✓ Boordii filannoo sina galmee dijiitaalaa eegalchiise ilaalchisee filatamaa fi filattootaaf hubii gahaa akka kennu;
- ✓ Filannoowwan itti aananitti bifa hojjimaataaf mijataa ta'een galmee filannoo tartiiba Qubee ykn Lakkoofsaatiin akka sirreessu;
- ✓ Filannoo Biyyoolessaa 7ffaa danqaa guddaa kan ture itti gaafatamaan galmee (abbaan Galmee) Nama tokko qofa waan ta'eef adeemsa adda

baasuu tarree maqaa filattootaa keessatti yeroo dheeraa kan fudhatedha. hojimaatni kun haala itti fooyya'u boordiin filannoo akka mimijeessu;

- ✓ Boordiin filannoo filannoo itti aanutti buufataalee filannoo hundaatti koree komii dhageessuu hundeessuun Mirkaneessa sirna dursee-filannoo diriirsuun akka mirkaneessu;
- ✓ Boordiin filannoo adeemsa filannoo akka raawwachiisaniif karaa seera qabeessaan raawwachiistota filannoon alatti adeemsicha qindeessuunis ta'ee deggarsa kennuudhaan qaamolee seeraan ala hirmannaa taasisan hanbisuu hojimaata danda'an adeemsa filannoo akka diriirsuu fi hirmatanii yeroo argamanittis tarkaaniffii ariifataa qindoomina kennisiisuu dandeessisan akka diriirsu.
- ✓ Boordiin filannoo tibba filannootti hiriira dheeraa fi nuffisiisaa hubate akkasumas baayyina filattootaa fi saa cuufiinsa buufataalee filannootti nuffii fi qisaasama filattootarratti uumame akkasumas raawwachiistota filannoo irra gahaa kan jiru baayyina hojii hir'isuuf kan dandeessisu labsii filannoo baayyina filattootaa buufatni filannoo tokko keessummeessuuu seera murteessu akka fooyyessu ;
- ✓ Boordiin filannoo al-loogummaa raawwachiistota filannoo haala ta'uu qabuun bifa eegsisuun foyyiinsa akka godhu.

❖ **Mootummaaf**

- ✓ Mootummaan filannoo biyyoolessaa marsaa 7ffaarratti argannoowwan argaman ykn barnoota paartilee siyyaasaa,dhaabbilee Hawwaasummaa, taajjabdoota filannoo fi Qaamolee qooda-fudhattootaa wajjin gamaaggama filannoo boodaa taasisuun yeroo filannoo itti aananitti fooyya'iinsa Al-loogummaa isaa kan mirkaneessu akka taasisu;
- ✓ Mootummaan amanamummaa filannoo cimssuufi filannoowwan fuulduratti geggeeffaman irratti amantaa uummataa guddisuuf yaadota(Ilaalcha) Taajjabdoonni filannoo biyya keessaa fi sadarkaa idila Addunyaatti kennan hojiirra akka oolchu;
- ✓ Filannoo wajjin kan walqabatan labsii dhaabbilee hawwaasummaa fooyyessuuf labsii sadarka wixineerra jiru dhaabbilaeen hawwaasummaa hirmannaa isaan filannoo irratti qaban kan dhiphisuu fi ijaarsa sirna dimokiraasii irratti shoora (gahee) isaanii akka hin gumaachine danqaa akka ta'u waan ta'uuf fuul duraaf wixinee Labsii kanaa ilaachisee tarkaanfiwwan fudhataman irra deebiin ilaaluun hanbisuu qaba.

❖ **Paartilee Siyaasaaf**

- ✓ Paartileen siyaasaa geggeessumaa paartii fii kaadhimammummaa filannoo tiif hirmannaa Dubartootaa, Dargaggootaa fi Qaama miidhamtootaa akka guddisu.
- ✓ Filannoo irratti hirmachuu fi hirmachuu dhiisuu isaanii dursanii murteessuun Filattoota isaanii itti bitaachessuurra si'a tokko hirmachuu isaanii kan ibsan yeroo biraa hirmachuu dhiisuu isaanii ibsuurra adeemsaalee filattoota bitaachessurra akka of qusatan;
- ✓ Lammiilee filannoo argachuu akka danda'aniif hojimaata qidaa'aa fayyadamuun tarreeffama dorgomtootaa lakkofsaan baayyatan hanbisuun ejjennoo waloo dhugaarratti hundaa'e lakkoofsaan Kan muraasatan garuummoo ejjennoo dorgomaa guddaa paartilee qaban hundeessuun haala paartiin waloo dhugaa itti mul'atu hawwaasni ilaalee itti fayyadamaa akka ta'uf gahee isaa akka ba'u.
- ✓ Lammiilee adeemsa filannoo keessatti filannoowwan qaban hang beekuu kan isaan dandeessisu paartileen siyaasaa filannoon ga'uu isaa dura mataa isaanii fi manifeestoo paartii isaanii akka beeksisan.
- ✓ Paartileen syaasaa tibba filannoo danqawwan turan adda baasuuf walta'iinsa waloo uumuu fi filannoowwan fuulduraa cimsuuf filannoo booda mariiwwan taasifamanii fi adeemsaalee yooyya'iinsa filannoo irratti hirmachuudhaan shoora isaanii akka bahatan.
- ✓ Dhaabbileen Tas-gabbii fi nagenyaa Mirgoota Filachuu Lammilee akkaataa eegsisuun naannowwan nageenyaa fi tas gabbiin itti bora'anitti haala gara nagaatti deebi'an mijeessuudhaan filattoonni mirga filannootti hirmachuu isaanii akka eegasisu.

❖ **Dhaabbilee Hawwaasummaaf**

- ✓ Dhaabbileen Hawwaasummaa Lammileen hubannaa filannoo irratti qaban gabbisuuf hojiiwwan hubii uumuu akka taasisan

❖ **Karaalee Odeeffannoo Uummataaf**

- ✓ Karaalee Odeeffannoo Uummataa paartilee siyaasaa adda addaatiif carraa wal-qixa akka argatan gochuun waa'ee guddina siyaasaa fi adeemsaalee filannoo sirrii, madaalawaa fi bifa al-loogummaa ta'een haaguuggii akka kennan.
- ✓ Tibba filannoo haguuggii miidiyaa mirkaneessuun bilisummaa miidiyaa fi dhaqqabummaa haqaa odeeffannoo akka guddisu.